

## Sadarkaa ji'a Muhammadiifii soomana Guyyaa Aashuuraa

فضل شهر محرم وعاشراء

<oromo>



Qopheessaan: Jamaal Muhammad ahmad



Gulaala- abd elmnan menza

## فضل شهر محرم وعاشراء



اسم المؤلف

الداعية جمال محمدأحمد

٢٠٢٢

مراجعة: عبد المنان منزا

Sadarkaa ji'a Muharramiifii soomana Guyyaa Aashuuraa.



Jiini muharram kan akka lakkoofsa hijraatti ji'a 1ffaa jalqaba waggaati. Jiini kuni sadarkaa guddaa qaba. Guyyaan 10ffaa isaa aashuuraa jedhama, innis fadlii guddaa qaba, soomanuunis barbaachisaadha.

Rabbiin s.w. akkana jedha.

إِنَّ عِدَّةَ الشُّهُورِ عِنْدَ اللَّهِ اثْنَا عَشَرَ شَهْرًا فِي كِتَابِ اللَّهِ يَوْمَ خَلَقَ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضَ مِنْهَا أَرْبَعَةٌ حُرُمٌ ذَلِكَ الدِّينُ الْقِيمُ فَلَا تَظْلِمُوا فِيهِنَّ أَنفُسَكُمْ وَقَاتِلُوا الْمُشْرِكِينَ كَافَةً كَمَا يُقَاتِلُونَكُمْ كَافَةً وَاعْلَمُوا أَنَّ اللَّهَ مَعَ الْمُتَّقِينَ" سورة التوبه 36

*"Lakkoofsi ji'oottaa Rabbi biratti gaafuma samiifi dachii uume kitaaba Rabbii keessatti ji'a kudha lama. Isaan keessaa afur kabajamoodha. Sanatu amantii sirriiti. Isaan keessatti lubbuu*

*keessan hin miidhinaa. Mushrikootas,  
akkuma isaan tokko ta'anii isiniin lolan;  
tokko ta'atii lolaa. Dhugumatti Rabbiin  
warra isa sodaatan wajjin ta'uu beekaa."*

Suuraa towbaa 36

، عن أبي بكره عن النبي صلى الله عليه وسلم قال " إن الزمان قد استدار كهيئته يوم خلق السماوات والأرض ، السنة اثنا عشر شهرا ، منها أربعة حرم ، ثلاثة متواлиات : ذو القعدة وذو الحجة والمحرم ، ورجب مضر الذي بين جمادى وشعبان" رواه البخاري

Abii bakraa r.a. irraa odeeffamee Nabiin s.a.w. akkana jedhan jedhe " zamanni akka fakkii isaa kan guyyaa Rabbiin samii fii dachii uumeetti naannawee jira, waggaan ji'a kudha lama, isiirraa afur kabajamtuudha, sadihu walitti aanti zulqi'idaa, zulhijjaah,muharram, Akkasuma rajaba gosti mudar kabajju kan jimaada boodaatiifti sha'ibaana jiddutti tahe" bukhaariitu odeesse.

Egaa Ji'a muharram kana keessa wanti guddaan argame, Injifannoona ifa galaan, Dhugaan kijiba mooyatte, waqtii Rabbiin

nabi Muusaa a.s.fi tuuta isaa nagaya baasee fir'oowna fi tuuta isaa ammo bishaanin liqimsiise, guyyaa sadarkaa fi kabajaa guddaa qabu, guyyaan kuni guyyaa kurnaffaa ji'a Muharram irraayi innis guyyaa Aashuuraa jedhamee yaamama.

عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ : قَالَ رَسُولُ اللَّهِ  
 صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ : "أَفْضَلُ الصَّيَامِ بَعْدَ رَمَضَانَ شَهْرُ اللَّهِ  
 . " الْمُحَرَّمُ ، وَأَفْضَلُ الصَّلَاةِ بَعْدَ الْفَرِيضَةِ صَلَاةُ اللَّيْلِ  
 (أُخْرَجَهُ مُسْلِمٌ)

Hadiisa Muslim Sahiiha isaa keessatti baase-Abii hureeyraan Rabbi irraa haa jaalatuu akka odeessetti, Ergamaan Sallallaahu aleeyhi wasallam akkana jedhan: “ *Erga soomana Ramadaanatii soomanni mindatti irra caalumsa qabu ji'a Muharram jettanii moggaftani, irra caaltun salaataa salaata dirqamaa booda; dhaabata halkaniiti*”

Ammas Sahiiha keessatti ibn Abbaas Rabbi irraa haa jaalatu guyyaa Aashuuraa irraa gaafatamee jennaanakkana jedhe: “Ani Rasuula Rabbii nagayaa fi rahmanni Rabbii isaanirra haa jiraatuu hin agarre isaa soomee sooma san keessatti sadarkaa ittiin barbaadu soomana guyyaa Aashuuraa fi Ramadaana malee”.

Akkasumas, Hadiisa Sahiiheeynii keessatti Ibn Abbaas Rabbi irraa haa jaalatuakkana jedhe : “Ergamaan Rabbii S.A.W yeroo Madiinaa dhufan Yahuudan isaanii guyyaa Aashuuraa sooman argan, ergasii Rasuulli S.A.Wakkana jedhaniin: “Maali guyyaan soomtan kun?” jarrisakkana jedhan: kuni guyyaa guddaa Rabbii Muusaa fi tuuta isaa nagaya itti baase, Fir’oowni fi tuuta isaa ammoo bishaanin liqimse(fudhate), Muusan galata Rabbii isaatif soomanee, nutis soomna! Ergamaan Rabbii S.A.Wakkana jedheen : “Nuti warra isinirra Muussatti haqa godhatuu fi dura aantota” Ergamaan S.A.W ergasii soomanii akkasuma soomana isaatitti ajajan.

Caalumsa ajrii ji'a Rabbii Muharram irraa ammas sooma guyyaa Aashuuraa kana keessa diliin waggaan dabree dhiifama ,

عن أبي قتادة رضي الله عنه - قال : وسئل النبي صلى الله عليه وسلم عن صوم يوم عاشوراء فقال : " يكفر السنة الماضية " وفي رواية " صيام يوم عاشوراء أحتجسب على الله أن يكفر السنة التي قبله "

Hadiisa Muslim Sahiiha keessatti Abii Qataadan Rabbi irraa haa jaalatu Namtichi tokko ergamaa S.A.W waayee soomana guyyaa Ashuuraa irraa gaafatee akkana jedhan: “ *Dilii waggaan dabree akka naaf dhiisu Rabbirraa herreegadha.* ” Sahiiha Muslim keessatti, Ibn Abbaas Radiyallahu anhu akkana jedhe: Waqtii Ergamaan Rabbii S.A.W Soomanii akka soomamu ajajan (sahaabdonni) akkana jedhan: yaa Ergamaan Rabbii kuni guyyaa yahuuda fi Nasaaran kabajju, Rasuulli S.A.W akka jedhan: “ *yoo waggaan itti aanu dhufe fedhii rabiitin guyyaa* ”

saglaffallee soomna". Jechuunis, kurnaffaa wajji soomna-warra kitaabaa(Yahuuda fi Nasaaraa) faallessuuf jecha. Ibn Abbaas akkana jedhe: osoo waggaan suni hin deebi'in Rasuulli Rabbii S.A.W duniyaa kanarraa deemaan.

Rabbiin Bara haarawa kana kan bu'aa Islaamaa fi Muslimaa qabu haa taasisu!

Waan ofii jaalatu keessatti umrii nu  
haa dheeressu!

